



STAY SAFE MN

Tarree Odeeffannoo Imala Hajii

Deemsi yokiin imalli carraa COVID-19 n qabamuu yokiin babal'isuu keessan ni dabala. **Dhukkuba kan qabdan yoo ta'e yokiin qoratamtanii COVID-19 qabaachuun keessan yoo mirkanaa'e hin imaliinaa.** Tarree odeeffannoo yokiin cheek listii kana imala keessan gara Makkaa, Sawudii Arabiyaa gootaniif akka qajeelfamaatti fayyadamaa.

Imala Dura

- Imaluu keessan dura qoratamaa. Qorannoo BILISAA wiirtuu tajaajila deebisanii hundeessuu hawaasa Somaalii, fi Buufata Xayyaaraa Minneapolis/St. Paul ni jira.
- Talaallii COVID-19 keessan fooyyeffachuu keessan mirkaneeffadhaa kunis humneessituu yokiin booster dabalata, imaluu keessaaniin duratti maaltu akka isin barbaachisu immoo dhiheessaa kunuunsa fayyaa keessan gaafadhaa. Talaalliin COVID-19 BILISAA wiirtuu talaallii hawaasa Amerikaa ni argattu.
- Qajeelfamoota COVID-19 yeroo ammaa Sawudii Arabiyaa jiru beekaa. Odeeffannoo dabalataa kan COVID-19 Karaa marsaaratii kanaa argadhaa (<https://sa.usembassy.gov/u-s-citizen-services/covid-19-information/>).

KANNEEN ARMAAN GADII OF FAANA QABACHUU KEESSAN MIRKANEFFADHAA:

- ✓ Qorannoowwan hatattamaa COVID-19. Qorannoowwan hatattamaa COVID-19 BILISAA wiirtuu tajaajila Deebisanii Qubsiisuu Hawaasa Somaalii ni jira.
- ✓ Maaskii qulqullina ol'aanaa qabu imaltoota garee keessanii hundaaf
- ✓ Teessoo bilbilaa yeroo hatattamaa.
- ✓ Ragaan Elektiroonawaa yokiin waraqaa ragaa talaallii COVID-19 talaallii COVID-19 fudhachuu keessan mirkaneessu.
- ✓ Qulqulleessituu harkaa yokiin saanitaayzerii hanga imalaaf barbaachisu.

Yeroo Imalaa

- Dirqama ta'uu baatus, yeroo imalaatti fayyaan keessan akka eegamuuf, haguugduu afaanii buufata xayyaaraatti, Xiyyaara keessatti, geejjiba hawaasaa kanneen akka atoobisii deddeebisa hawaasaa fi geejjiba waliinii keessatti akka fayyadamtan CDC'n ni jajjabeessa.
- Yeroo barbaachisaatti bakkeewwan walitti qabama hawaasaa kanneen biroo fi Masgiida keessatti haguugduu afaanii godhadhaa.
- Dhukkubbiin yoo isinitti dhagahame yokiin mallattoowwan yoo isin irratti argaman, qorannoo hatattamaa COVID-19 fayyadamaa.
 - ◊ Dhukkubichi yoo isin irratti argame, hin imaliinaa, maaskii fayyadamaa, akkasumas qunnamtii namaa hir'isaa. Get tested right before traveling back to Minnesota. A PCR COVID-19 test may be required by your airline for international travel back to the United States.
- Gara Minnesotatti deebi'uu keessan dura qoratamaa. Daandiin qilleensaa keessan Qorannaa COVID-19 PCR imala addunyawaa ta'e keessatti gaafatamuu mala.

Imala Booda

- Imala keessan xumurtanii guyyaa sadii-shanii keessatti qorannoo COVID-19 geggeessaa. Mallattoowwan isin irratti argamnaa battalatti qoratamaa. Talaallii COVID-19 keessan hin fooyyeffanne taanaa, imala raawwattanii guyyoota shaniif mana turaa.
- Hubachiisa: Yeroo imaltanitti dhukkuboota biroon qabamuu dandeessu. Dhukkubsattanii yoo isinitti fooyya'uu dide, buufata fayyaa deemuun dhiheessaa kunuunsa fayyaa dhiheenyaatti Sawudii Arabiyaa deemu keessan beeksisaa. Dhukkuboota biroo kanneen Baha giddu galeessaatti baramoo ta'an kanneen akka Dhukkuboota Rakkoo Hargansuu Baha Giddu galeessaa (MERS) ilaalchisee qoratamuu yokiin dhiisuu keessan murteessuuf isin gargaaru.

